# سُورَةُ الجُمُعَةِ
# Suuraa Jumkgaadhaa

قبل كل شئ هذه هي سورة الجمعة

* Dura dursoo suuraa tun {suuraajumkg-aadhaa} je'amti .

وهي سورة مدنية

* Isiin suuraa madiina'aati .

وآياتها ( ١١ ) آية

* Aayanni is'ii kudha tokko {11}.

وترتيبها ( ٦٢ )

*Lakkooysi isi'ii jahaatamii lama62

نزلت بعد سورة الصف

*lsiin eega suuraa saffiitii buute.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

*Jalqaba maqaa waaqa rahgmata qabuutii .

يُسَبِّحُ لِلَّهِ مَا فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِي ٱلۡأَرۡضِ

*Wanni sami`iifii dachii keessa jiru hundi rabbi guddifti , waan isaan hin malle malle hundarraa isaa qulqulleessiti hundinuu afaan beekhun hundinuu waan rabbiin tayaa je`een tayan aduun rabbiin ibis je`een hin didduu ni ibsiti namninis hanga aylii hin horin hanga garaa haadhaa keeessa jiru eegasille`ee waanuma rabbiin taye je`een taya kun hundinuu rabbiif gad je`u je`ama

ٱلۡمَلِكِ

*Rabbiin mootii waa hunda uumee qabu .

ٱلۡقُدُّوسِ

*Kan waan isaan hin malle hundarraa qulqullaaye kan waan guutuu taye hunda qabu takkaa wassafamuun

ٱلۡعَزِيزِ

*Jabaa hin mooyamne

ٱلۡحَكِيمِ ١

1} *Kan dalagaan isaa hundi bareeddu

هُوَ ٱلَّذِي بَعَثَ فِي ٱلۡأُمِّيِّـۧنَ رَسُولٗا مِّنۡهُمۡ

*Rabbiin isa arabaa waan katabne, kan qaraanetti ergamaa isaa Muhammad erge .kanuma isaanirraa taye.kan qaraane , kan katabne

يَتۡلُواْ عَلَيۡهِمۡ ءَايَٰتِهِۦ

*Kan eegasii qur'aana Rabbiin ,buuse isaanirratti qara'u,qur'aana jechaafii ma'naan isaa guutu'uu.

وَيُزَكِّيهِمۡ

*Kan haala isaan keessa jiran , hundarraa isaan qulqulleysu .irraa isaan dhowwu ,

وَيُعَلِّمُهُمُ ٱلْكِتَٰبَ *Kan ma'naa waan isaanirratti qara'uu , isaan barsiisu.

وَٱلْحِكْمَةَ *Kan sunnaa, yookaa heera isaan barsiisu kan haala jiru'uu guutuu hundatti isaan ajajee , haala hamaa hundarraa isaan dhoowwu .hanga beekkomsa addunya'aa aakhira'aa bara tanii , haqa rabbitifii, kan namaa hunda baranii , dalagaa gaarii hundaan dhaabbatanii , dalagaa hamtuu hundarraa fagaatanii qajeelanii guutam

وَإِن كَانُوا۟ مِن قَبْلُ لَفِى ضَلَٰلٍ مُّبِينٍ ﴿٢﴾ 2}*Kan san durajallina badaa, mul'ataa, keessa jiran kan haqa Rabbii isaan uumee wallaalaf,dhaga'aan Rabbi jeanii gabarran .kan haqa namaa wallaalaf ,dhalaa jirtuu awwaalan.kan jabaan haqa laafa'aa nyaatu.karaa jiruu addunya'aa aakhira'aa wallaalanii , dhama'anii duuba sababaa nabi Muhammad itti ergee, shari'aa guutuu, waan namni jiruu addunya'aatifii ,jiruu aakhira'aatif, itti haajamu qabdu kenneefii , haala gaarii namni biraa hin argatin hunda kenneefii , qu r'aana beekkomsa dur, kan ammaa , kan bodaa , guutame , irratti buusee, akkasitti arabni homaa beekuu hin turin, kanneen zamana nabii jiran nabirraa baratanii , dukkana kufri'irraa ifaa iimaanatti bayanii , dukkana wallaalarraa ifa beekkomsatti bayanii , ir'umma'arraa guutumma'atti ba yanii , ummata addunya'aa hundaaf imaamman tayan.jarri sun warra nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu , dhaqqabee irraa barate , asaabota isaaniti.

وَءَاخَرِينَ مِنْهُمْ *Rabbiin akkuma warra zamana nabi muhammad jirutti nabi Muhammad erge , orma biraa kan zamana isaa nii hin jirre , kan hanga guyvaa qiyaama'atti ,isaan booda dhufutti isaan erge .ergaan nabi Muhammad zamana isaanii qofarratti hin dhaabbattuu ,hanga qiyaama'atti deemti.barsiisun nabi Muhammad qur'aana fii had iisa warra waan beyne barsiise , warra arabaa , yookaa gosa biraa kanneen , zamana isaanii jiran qofarratti hin dhaabbattuu hanga guyyaa qiy aama'atti numa deemti , haa tayuu kanneen zamana isaanii jiran , afaan isaanirraa bar aniiti , barakaa guddoo argatan.ammoo warri isaan booda dhufe ,warra isaanirraa barateraa baratan .akkanatti diin islaamaa hanga guyyaa qiyaama'atti deema. Nabi Muhammaditti achi aanun , namaafii zamannilleen , walirraa caala.tanaaf Jecha Rabbiin akki je'e

لَمَّا يَلْحَقُوا۟ بِهِمْ * Warri zamana nabii booda dhufe, warra nabi argee itti amane hin dhaqqabu, sadarkaa nabi Muhammad arga nii , itti amananii , irraa baratu'uu , keessatti isaan hin ga yan.haa tayuu qalbiin nabi Muhammad nageenyi isarratti haajiraatu ,warra odoo isaan hin argin itti amane argu'uuf, hawwiti .gaaftokko nabi Muhammad na geenyi isarratti haa jiraatuu , odoo asaabaa isaatin wajji taa'uu akki je'e : wayii oduman jaalall-

oota kiyya argee , jennaan asaabonninuti jaalallo ota keetii mitii yaa ergamaa Rabbii je'aniin.jennaan wanni isaanin je'e : isin asaabota kiyyaa ,jaalalloonni kiyya kanneen isin booda dhufu'uu jiraatan.kanneen nan argin , kan argaa tiyyaaf hawwan .an isaanin argu'uuf hawwa .je'an ,

وَهُوَ ٱلۡعَزِيزُ ٱلۡحَكِيمُ ٣

3}* Rabbiin kan wanni isa dura dhaabbatu hin jirre,kan waan fedhe dalagu .kan dalagaan isaa hundi miidhaydu .tan akka malee hin taane .

ذَٰلِكَ

*Nabi Muhammadiifii warra dura isatti amane nama birarra caalchisuun .

فَضۡلُ ٱللَّهِ

*Kennaa Rabbiiti .

يُؤۡتِيهِ مَن يَشَآءُۚ

* Kennaa san nama fedheef kennaa namni maa asaabota nabii nabi agarsiiftee , nama birarra caalchifte ,je'ee dura dhaabbatu hin jiru , inni akka fedhetti , waan fedhe gabroottan isarra qoodaa .wanni gabricha Rabbirra jiru waan fedhe Rabbii isaa khadhatuu.

وَٱللَّهُ ذُو ٱلۡفَضۡلِ ٱلۡعَظِيمِ ٤

4}*Rabbiin kan kennaa guddatuu.

مَثَلُ ٱلَّذِينَ حُمِّلُواْ ٱلتَّوۡرَىٰةَ

* Fakkeessan warra waan kitaaba tawraat je'amu,kan nabi Muusa'arratti buufametti dalagaa je'aniinii, ajajaman .

ثُمَّ لَمۡ يَحۡمِلُوهَا

*Duuba itti dalaguu didan wanni tawraat keessa jiru nabi Muhammaddu, dhufu'uu taa'aa gaafa inni dhufe,itti amanaa jechu'uu duuba inni ergamnaan itti amanuu didan fakkeessan jara kanaa kanneen kitaaba kennamanii , itti dalaguu dhaban .

كَمَثَلِ ٱلۡحِمَارِ يَحۡمِلُ أَسۡفَارَۢاۚ

*Akka harree kitaaba ba'attuuti.kan waa takka ittin fayyadamne

بِئۡسَ مَثَلُ ٱلۡقَوۡمِ ٱلَّذِينَ كَذَّبُواْ بِـَٔايَٰتِ ٱللَّهِۚ

*Fakkeessan warra aayata Rabbii tan tawraat keessa jirtu, tan nabi Mahammad ergamaa Rabbiitii itti amanaa jettutti dalaguu oolee kijibsiise, fakkiin isaanii, waa fokkata'aa hama'aa kan harre'etti fakkeeffaman .

وَٱللَّهُ لَا يَهۡدِي ٱلۡقَوۡمَ ٱلظَّٰلِمِينَ ٥

5}*Waaqni, yookaa Rabbiin , warra azalitti kufrii isaanii dabrse waan isaan dilii dalaganii beekhef, ammallee waan isaan kufrii filataniif , karaa haqaa isaan hin qajeelchu.

* Yaa ergamaa kiyya , orma yahuuda'aa ka-nneen nuti jaalalloota Rabbiiti je'uun , akki jettu . . قُلْ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ هَادُوٓا۟

*Yoo kan nuti ,nama hundarra Rabbitti aanna jettanii , kan himattan taatan . إِن زَعَمْتُمْ أَنَّكُمْ أَوْلِيَآءُ لِلَّهِ مِن دُونِ ٱلنَّاسِ

6}*Mee du'aafhawwaa. Akka isin ajjeessu Rabbirra barbaadaa akka daftanii jannata inni jaalalloota isaatif qopheyse seetan .yoo kan dhugaa dubbattan taatan ji'iin .duuba Rabbiin akki je'e. فَتَمَنَّوُا۟ ٱلْمَوْتَ إِن كُنتُمْ صَٰدِقِينَ ﴿٦﴾

*Ormi yahuuda'aa abaduma du`aaf hin hawwan.dilii harki isaanii dalagee dabarse beekanii. cubbuu isaan dala ganirraa takka: nabi Muhammaditti amanuu dhabuu isaanitii.silaa odoo jaalalloota Rabbii tayanii itti amananii.akka kitaabni , yookaa diin isa anii itti isaan ajajutti.duuba isatti amanuu dhabu'uun karaa Rabbirraa ba anee beekanii, duunu ibidda seenaa hubatanii , tanaaf du'a sodaatanii , du'aaf hin hawwan . وَلَا يَتَمَنَّوْنَهُۥٓ أَبَدًۢا بِمَا قَدَّمَتْ أَيْدِيهِمْ

7}*Rabbiin warra dilii kufri'ii dalage ni be-ekaa, ni qixaaxa ibidda isaan seensisa وَٱللَّهُ عَلِيمٌۢ بِٱلظَّٰلِمِينَ ﴿٧﴾

*Akki yahuuda'aan jettu : duuti isin sodaattanii irraa dheysitan, kan qalbumalle'een hawwu'uuf diddan. قُلْ إِنَّ ٱلْمَوْتَ ٱلَّذِى تَفِرُّونَ مِنْهُ

*Duuti sun isinitti dhufti, sun waan maman qabne.kan dheefni jalaa isin hin baafne فَإِنَّهُۥ مُلَٰقِيكُمْ

* Eega duutanii gara Rabbii waan dhokhataatifii, waan mul'ataa beekhuti,kan waa takka irraa hin dhukkanneeti , deeffamtanii ثُمَّ تُرَدُّونَ إِلَىٰ عَٰلِمِ ٱلْغَيْبِ وَٱلشَّهَٰدَةِ

8}*Waan isin dalaydan isinitti odeesseti irraa isin gaafata isin qixaaxa فَيُنَبِّئُكُم بِمَا كُنتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٨﴾

*Yaa warra Rabbitti amane, kan waaqafii ergamaa isaa dhugo'oomse . يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓا۟

*Guyyaa jum'ataa,hoggaa salaata jum'aadhatiif, azaaname. إِذَا نُودِىَ لِلصَّلَوٰةِ مِن يَوْمِ ٱلْجُمُعَةِ

*Gara salaataa yaa'aa ,khuxbaa dhaggeeffadhaa. فَٱسْعَوْا۟ إِلَىٰ ذِكْرِ ٱللَّهِ

*Waa bitu'uufii ,gurguruu dhiisaa azaanni وَذَرُوا۟ ٱلْبَيْعَ

sun, azaana lammeysa'aa kan hoggaa khaxiibni alaakhanmin barn maqdallaa koree taa'e azaanani .maalif zamana nabiitifii , aboo bakrii ammallii umar, azaana, jum'aadhaa, hoggaa khaxiibni minbara kore aza anan , malee, kan biraa hin jiru , azaana duraa asaab usmaantu ida'ee .waan ,mandarri madiina'aa , bal'atee azaana boodaa dhagayuu dadha baniif .duuba azaana kana, ormi asaaba'aa harkatti hin qabnee , akkasitti karaa taye.wanni kh aliifan nabi karaa godhe sunna'aa .

ذَٰلِكُمۡ خَيۡرٞ لَّكُمۡ إِن كُنتُمۡ تَعۡلَمُونَ ٩

9}*Biti'ii gurgura dhiiftanii gara salaataa deemu'uutu irra isiniif caala yoo kan waan isiniif irra caalu beytan taatan itti jabaadhaa.

فَإِذَا قُضِيَتِ ٱلصَّلَوٰةُ

*Ammoo hoggaa salaanni dhume irraa salaammatan .

فَٱنتَشِرُواْ فِي ٱلۡأَرۡضِ

* Olii gad yaa'aadhaa , adda faca'aadhaa.

وَٱبۡتَغُواْ مِن فَضۡلِ ٱللَّهِ

* Rizqii Rabbii barbaaddadhaa .

وَٱذۡكُرُواْ ٱللَّهَ كَثِيرٗا

*Rabbii keessan zakkaruu heddommeysa'aa afaanin .takkaa qalbi'iin , takkaa lachuunuu .qur'aana qara'uudha .nabirratti .rahgmata buusuudhan .Rabbii keessan yaadatuu heddommeessaa

لَّعَلَّكُمۡ تُفۡلِحُونَ ١٠

10}*Akka waa hunda keessatti milkooytan gaafa duraa , khuxbaa jum'aadhaa , salaata booda godhan.duuba gaaf tokko , odoo nabi Muhammad khuxbaa godhu'utti jiruu , warri masjida keessa jiru kan khuxbaa dhaggeeffatu ,gaalli shamadaa, hedduun, shaamirraa , nyaatafii meeshaa warri madiina'aa itti haajamu, dhiibee dhufe, jechaa dhagayan .dibbee dhawamtuun.hoggaa san warri masjida keessa jiru , dhiira khudha lamaafii , dhalaa torba , takkaa nama afurt ama malee, masjidaa yaa'anii, gaala shammadaa afaan bayan.hoggaa san Rabbiin aayata buusee akki je'e .

وَإِذَا رَأَوۡاْ تِجَٰرَةً أَوۡ لَهۡوًا ٱنفَضُّوٓاْ إِلَيۡهَا

* Asaabonni kee hoggaa naggada argan takkaa tapha, waan faaya addunya'atti rarra'u argan, ka'aniiti gara meeshaa naggadaa sanitti , ori'an, takkaa saniif bayan.eega salaanni dhu mee , bayuun ni gayaa yaada'aa, akkuma Rabbiin hoggaa salaanni dhu mte adda faca'aadhaa rizqii barbaaddadhaa je'een , khuxbaan salaatarraayii mitii yaada'aa.

وَتَرَكُوكَ قَآئِمٗاۚ

* Sii dhaabbatee khuxbaa qara'u si dhiisanii si biraa yaa'an .

قُلْ مَا عِندَ ٱللَّهِ خَيْرٌ مِّنَ ٱللَّهْوِ وَمِنَ ٱلتِّجَٰرَةِ ۚ
وَٱللَّهُ خَيْرُ ٱلرَّٰزِقِينَ ﴿١١﴾

*Wanni isaanin jettu sawaaba Rabbiitu taphaafii naggadarra warra amaneef caala 11}*Rabbii irra caala nama waa namaa kennuutii .tanaaf jecha rizqii isurnarra barbaaddadhaa.duuba eega dubbiin tun argamte nabi Muhammad nageenyi isaanirratti haajiraatuu khuxbaa jum'aadhaa salaata dura godhe